Maatii Sanada Ijoo Dubbii

# Bu'aa Qorannoo Timjii/Daangaa Irraa:

## Beeksisa Bu'aa Qorannoo Saamuda Dhiigaa

Sagantaa Qorannaa Daa'imman Reefuu Dhalatanii Minesootaa

**Borderline Elevation of TSH, Family Fact Sheet—Oromo**

# Olka'iinsa Daangaa Darbuu Hormoonii Taayirooyidii Kakaasu (TSH)

## Qorannoo wal'aansaa daa'imman reefuu dhalatanii irratti maaltu argame?

Qorannoon wal'aansaa daa'imman reefuu dhalatanii yeroo dhalatan walitti qabameen mucaan keessan sadarkaa TSH xiqqoo olka'aa akka qabu mirkanaa'eera.

## Kana jechuun maal jechuudha?

Olka'insi daangaa darbuu TSH waanuma jiruu fi mucaan keessan fayyaa ta'uu hin oolu. Haa ta'u malee, daa'imni keessan dhibee taayirooyidii dhalootaan dhufu (CH) qabaachuu danda'a. CH'n gosa dhukkuba taayirooyidii ti. Bu'aan qorannoo daangaa darbuu daa'imni keessan dhukkuba taayirooyidii qaba jechuu miti, garuu mirkaneeffachuuf qorannoo dabalataa barbaachisa.

## Itti aansuun maaltu ta'a?

Doktariin mucaa keessanii qorannoo dabalataa ni ajaja. Yeroo daawwannaa kilinikaa daa'ima keessan irraa saamuda dhiigaa/ laaboraatooriin lama fudhatamuun hin oolu.  Laaboraatooriin lamaan kun TSH fi bilisa T4 (taayirooksiinii) jedhamu. Tarii qorannoo daa'ima reefuu dhalatee si'a lammaffaaf ajajuu danda'u. Harki caalaan qorannoo irra deebiin taasifamuu fayyaa akka ta'eetti agarsiisa.

Bu'aan qorannoo dabalataa kana irraa argamu fayyaa ta'uu kan agarsiisu yoo ta'e, qorannoon ykn wal'aansi dabalataa hin barbaachisu.

Bu'aan qorannoo dabalataa kana irraa argamu olka'aa ta'uu kan agarsiisu yoo ta'e, doktarri mucaa keessanii qorannoo dabalataa ykn wal'aansi akkamii akka barbaachisu isin beeksisa. Daa'imman dhukkuba taayirooyidii qaban kan yaalan ispeeshaalistii hormonii daa'immanii ykn pediyaatrik indookrinoologistiitti dabarfamuu/ rifeerii ta'uu qabdu.

## Dhibeen taayirooyidii dhalootaan dhufu (CH) maali?

CH'n dhibee mucaan yeroo dhalatu keessatti argamu kan xannacha taayirooyidii qaamaa miidhu, dhiita xiqqaa morma gara gadii keessa jiru dha. Xannachi taayirooyidii hormoonii taayirooyidii qopheessa. Namoonni CH qaban hormoonii taayirooyidii gahaa qopheessuu hin danda'an. Hormooniin taayirooyidii guddinaa fi dagaagina qaamaa fayya qabeessa ta'eef barbaachisaadha.

## Rakkoo fayyaa akkamii fiduu danda'a?

CH dhibee umurii guutuu ta'eedha. Yoo hin yaalamne, dhibee armaan gadii fiduu danda'a:

- Jaawundaayisii (gogaan keelloo ta'uu ykn iji addaachuu)
- Maashaaleen lallaafoo/shushunturoo ta'uu
- Hir'ina dandeettii waa barachuun
- Guddina harkifataa fi ulfaatinni qaamaa dabaluu

Daa'imman CH qaban wal'aansa ariifataa fi of eeggannoo qabu irraa fayyadamoo ta'uu danda'u.

## Filannoowwan wal'aansaa akkamiitu jiraa?

CH irraa fayyuun kan hin danda'amne ta'us, yaalamuu immoo ni danda'a. Wal'aansi CH baay'inaan baratamaa ta'e qoricha hormoonii taayirooyidii sirritti hin qophoofne/hojjetamne bakka bu'udha. Mallattoon dhibee kanaa osoo hin mul'atin yoo yaalaman, daa'imman guddinaa fi dagaagina qaamaa fayya qabeessa ta'e qabaachuu danda'u.

Daa'imman CH qaban doktarii isaanii kan idilee fi doktara ispheeshaalistii dhukkuba taayirooyidii ta'e (indookrinoologistii) bira deemanii ilaalamuu qabu.

## Maddeen Odeeffannoo

**Wabiilee Genetics Home Irra jiran:**
http://ghr.nlm.nih.gov

**Mucoolii Karaa Qorannoo Faawundeeshinii Baraaruu:**
www.savebabies.org

**Qorannaa Jalqabaa Mucaa:**
www.babysfirsttest.org

DEPARTMENT OF HEALTH Sagantaa Qorannaa Daa'imman Reefuu Dhalatanii, 601 Robert St. N., St. Paul, MN 55155
Bilbila (800) 664-7772, Faaksii (651) 215-6285 ***turjumaanni ni argama**
REV 07/2018